# “Isin keessaa namni tokko masjiida yoo seene akkana haa jedhu: (Allaahumma iftah lii abwaaba rahmatik) jechuunis: Yaa Rabbi balbala rahmata keetii naaf bani jechuudha, yeroo bahu immoo akkana haa jedhu: (Allaaumma innii as'aluka min fadlik) jechuunis: Yaa Rabbi tola kee irraa si kadhadha jechuudha”

Abuu Humeyd ykn Abuu Useyd irraa odeeffamee akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhan: “Isin keessaa namni tokko masjiida yoo seene akkana haa jedhu: (Allaahumma iftah lii abwaaba rahmatik) jechuunis: Yaa Rabbi balbala rahmata keetii naaf bani jechuudha, yeroo bahu immoo akkana haa jedhu: (Allaaumma innii as'aluka min fadlik) jechuunis: Yaa Rabbi tola kee irraa si kadhadha jechuudha”.

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- yeroo masjida seenan ummata isaanii waan jedhamuu qabutti qajeelchan: (Allaahumma iftah lii abwaaba rahmstik), Rabbiin sababoota rahmata Isaa akka isaaf mijeessu ni kadhata. yeroo bahu ammoo haa jedhuu: (Allaahumma innii as'aluka min fadlik), tolaa fi arjummaa Isaa irraa dabalataa rizqii halaal Rabbiin ni kadhata.